



Full Length Research Paper

Xiinxala Afseeneffamoota Torban Oboo: Xiyyeeffannoон Eenyummaa Ijaaruurratti

Girmaa Dachaasaa^{*}, Asafaa Tafarraa² (PhD)fi Addunyaa Barkeessaa³ (PhD)

¹Yuunivarsiitii Addis Ababaa Koolleejjii Namummaa, Inistiitiyuutii Qo'annoo Afaaniifi Gaazexeessummaafi Quunnamtii Kaadhimamaa PhD; Imeelii: dechasamoti@gmail.com

²fi ³Yuunivarsiitii Addis Ababaa Koolleejjii Namummaa, Inistiitiyuutii Qo'annoo Afaaniifi Gaazexeessummaafi Quunnamtii, Imeelii: asafadibaba@gmail.com; barkikoo2011@gmail.com, walduraa duuban.

Submission Date: September 21, 2023

Acceptance Date: May 28, 2023

Axareeraa

Qorannoo kun Xiinxala Af-Seeneffamoota Ijaarsa Eenyummaa Torban Oboo, Achii as Dhufteefi eenyummaa daangaa lafaarratti qaban xiinxaluu irratti kan bu'uureffatedha. Seenessuu ijaarsa eenyummaa gama amala, barsiifata , duudhaafi aaddaa dhalootaa dhalootatti kan darbu yookiin amaleeffatamu kan namni dhuunfaa yookiin hawaasnii tokko isa biroorraa adda ofbaasee kan ittiin hubatuufi fufsiisudha. Ka'umsi qorannichaas, hidda latiinsaa, bakka, seenaafi qabiyyee lafaa afseenessaan ijaarsa eenyummaa Torban Oboo dhaloota dhufuufi fufuu ilaachisee qorannoон sadarkaa kanatti hojjetame dhibuusaati. Kaayyooleen qorannichaas immoo tooftaa dhufteefi hidda dhalootaa hawaasni kun barsiisuu, qabiyyyeefi daangaa isaanii eegsifatan addeessuudha. Kaayyoolee kanneen galmaan ga'uufis goodinaalee qubsuma Oromoo Tuulamaa Torban Oboo ta'an keessaa mala akkayyoon Goodina Shawaa Bahaa, gandoota aanaa Boosatiifi naannoo ishee fudhachuun, daawwanna, afgaaffiifi mariigaree xiyyeeffannootti dhimma ba'un ragaaleen funaanmaniiru. Maddeen ragaalee qorannooon kanaas: abbaa Gadaa, maanguddoota, foolleewwaniifi hawwan yommuu ta'an, malli akkayyoofi malli darbaadabarsaa immoo malleen iddatteessuu itti dhimma ba'amnidha. Qorannooon kun qorannooon sanyaabsaa dhimma beekumsa hawaasaa irraatti xiyyeeffate waan ta'eefis, paraadaayimiin ijaarsaa bu'uureffatamee jira. Akkasumas, ragaaleen funaanaman yaaxxiina ijaarsa hawaasummaa irratti bu'uureffachuuun mala akkamtaan xiinxalamaniii jiru. Saxaxni qorannooon akkaataa addeessuu ta'een seenessuu gochuufi hiikatti kenuun kan dhimma ba'amedha. Kana malees, maleenyi dhimma bahame, malenya gaaffii seenessaafi hidda dhalootaati. Argannoowwan ijoon qorannooon kanaas: hawaasni Torban Oboo hawaasa biroorraa kan adda itti walbeekan hidda dhalootaafi dhuftee isaanii tooftaa itti dabarsan qabaachuu isaanii. Kunis, dhiira qofa osoo hintaane dubartiiniis bakka heerumteetti ijollee ishee akka barsiiftuuf xiyyeeffannoон barsiiftamti. Itti dabalees, dabrsa hidda dhalootaa caalmaaatti qabatama taasisuuf sirna mataasaa danda'e akka qabu ni mul'ata . Innis 'Sirna Dikee ' madda dinagdee hawaasichaa kan ta'e loon waliin walqabiisiuu ijollotta walitti qabuun dhuftee isaanii barsiisuuf kan adeemsifamudha. Akkasumas, daangaan waan uumamaan daangeffamee jiruu olitti sadarkaa yaaduu, gochaalee hawaasaafi adeemsa jiruufi jireenya hawaasichaa hunda kan walitti hidhu ta'uusaa argisiisa.

Jechoota Ijoo: Hidda dhalootaa, Afseeneffama, eegumsa daangaa, eenyummaa

An Analysis of the Torban Obo Oral Narratives: A Focus on Identity Construction

This research paper is based on the Analysis of Identity Construction of Oral Narratives of Torban Oboo, Genealogy and their identity related to territory. The research methodology used is a qualitative research methodology. The method is built on social knowledge, historical and social interpretation. The research framework is used to narrate and interpret in a descriptive manner. To conduct this research, the researcher collected data from the primary source of evidence. Accordingly, the data source of this research was the Tulama Oromo Torban Oboo community living in Boosat district and surrounding area and the informants were selected from the source sites through purposive and snowball technique. The selection was based on the knowledge of Torban Obo's identity. Furthermore, the approach used is the malleability of historical and genealogical questions. Accordingly, the collected oral narratives are analyzed in a qualitative manner. According to the evidence from the collected oral narratives, the local natives and children of Torban Obo passed on their where they are from as a strategy for the next generation. This genealogical back ground is found to be confirmed in both male and female directions. It appears to have its own system and ceremony to make the method of transmitting this genealogy more practical. In addition, the community also has many ways of understanding its environment in terms of land and boundary or territory issues. Land and land territories are important to this community associated with their identity and governed by the laws of the Gada system. This suggests that boundaries or territories connect all levels of social thinking, social actions and processes beyond what is natural. It also shows us that land territories and land are related to the development of a society.

Keywords: Genealogy, oral narrative, protection of territory, identity

1. Seensa

Hawaasni ogbarruun hindagaagne ogafaaniin durii kaasee wantoota bu'uuraa jiruufi jirenya isaa keessatti dabarse: seenaa, muuxannoo, falaasama, duudhaa isaa calaqisiisan osoo hindagatiin dhalootaa dhalootatti dabrsuun eenyummaa isaa ibsata; ijaarrataas tureera. Akaakuu ogafaanii ibsaafi ijaarsaa eenyummaa hawaasaa keessatti ga'ee guddaa taphatan keessaa tokko afseenessaa. Hawaasni tokko akkaataa jiruufi jirenya hawaasummaa, aadaafi ilaalcha addunyaaf qabu kuufatee, af-seenessaan waraabee dhaloota itti aanuuf akka dabarsu ibsa. Af-seenessi aadaa hawaasa tokkoo kuusuun madda ragaa uummataa kuusee tursiisu ta'uusaa ibsuun, hawaasni afseenessa isaan deeggarsaafi mormii ibsata; isa darbe yaadata; isa har'a ittiin jiraata; isa dhufu ittiin tilmaama; icciitiifi dhoksaa hammeenyaa mul'atullee ittiin qeequu akka danda'u Bukegna (1994), Fekade (1991) ibsaniiru. Itti dabaluun, gahee afseenessi ijaarsa eenyummaa keessatti qabu Moriarty (2005) "... identity is constituted and reconstituted in the process of narrating it". Hiikni isaa, eenyummaan hawaasaa seenessaan hundaa'a ; adeemsa seenessaanis deebisee akka ijaarratu mul'isa . Kunis, seenessi hawaasni tokko gargaaramu ijaarsa eenyummaa keessatti gahee akkqa qabu agarsiisa.

Kana malees, akkuma uummatoota Afrikaa kanneen biroo, qoranno seenaa Oromoo aadaa afaaniin ibsamurratti akka hundaa'e (Gada Melba, 1999) keessatti ibsameera. Kun immoo, ijaarsi eenyummaa dhuunfaa, waloofi garaagarummaa keessoo saba Oromoos karaa seeneffammaa fookloori adda addaan ibsamuu akka danda'u mul'isa. Akkasumas, gareen hawaasa naannoo tokkoo seeneffama gochaan deeggaramutti gargaaramee eenyummaasaa af-seenaasaan ibsata; duudhaan isaas dhalootaa dhalootaatti akka ce'u taasisa. Kunis, afseenessi eenyummaa odeeaffanno hiikaa, duudhaa, seenaa, aadaa waliiniifi muuxannoo jirenya hawaasummaaf tajaajiluun alatti, gochaalee feedhi walooifi garee tokko ceesisuuf

fuulduратти raawwatamanillee cimsuu akka danda'u (Moriarty, 2005) ibsameera. Akkasumas, afseeneessi ijarsa eenyummaa miira walitti dhufeenyaaifi firooma garee hawaasaa tokkoofi kanneen biroo gidduu jirullee ni ibsa (Oring, 1986; Badone, 1987; Georges and Jones 1995; Hinchman 2001).

Addunyarratti hawaasni ogbarruun dagaages ta'e hindagaagiin keessatti afseenessaan eenyummaa isaanii tursiisuun of ibsanii jiraataa turaniifi jiran ni jiru. Fakkeenyaaaf, seenessi hawaasa Girikii keessattilee eenyummaa isaanii baranii tokkummaan akka jiraatan taasisseera. Freeman M., and J. Brockmeier (2001) Archakis, A., and A. Tzanne (2005) yoo addeessan aadaa hawaasa Giriki keessatti seenessi isaan dhalootaa isaaniirraa dhaalan haga fedhe garaagarummaa yoo qabaatanillee dhimma eenyummaa waloo isaanii dagaagsuurratti afseenessi dhaga'nii guddatan ga'ee olaanaa akka qabatee jiru ibsanii. Kunis, eenyummaan isaan akka garee xiqaatti afseenessaan walitti himan eenyummaa waloo, jaalala, waliif birmannaan qabaniifi eenyummaa aadaa hawaasaa(sociocultural identity) Girikummaa dagaagfachuuf isaan gargaareera (Archakis, A., and A. Tzanne,2009).

Akkasumas, biyya Fiinlandi keessatti kuufamni Kalevala seeneffammaan dhiyaatu hawaasichi eenyummaa isaa baree bilisummaa akka gonfatuuf ga'ee olaanaa raawwateera. Vento (2010) Kalevalaan meeshaa guddina eenyummaa, artii, ogabaruu, dhahaa cimsun hawaasa onnachiisee biyyittiin kolonii Raashiyaafi Iswidin jalaa akka baatuuf gumaachuu isaa ibseera.

Haaluma walfakkaatuun, Juma (2016) qorannoo gaggeessee argannoo isaan akka agrsiisetti ardi afrikaa biyya Keeniyaatti immoo gosa hawaasa Abaluhyaa kan ta'an garee Baantuu keessaa sabni Bukusu jibbaafi jaalala, ciminaafi jabina, amala gaariifi gadhee afseenessaan eenyummaa isaanii akka ibsatn hima. Itti dabaluun, Juma(2016) sabni Bukusu hawaasichi gosa baayyee ta'ee osoo jiruu afseenessaan hubannoo waliin jirenyaa ijaarratee tokkoommaan jiraachuu cimsachuu isaa agarsiiseera. Itti dabalee, biyya Itoophiyaa keessatti immoo haawaasni Oromoos ta'e kanneen biroo seenaa, aadaafi barsiifata isaanii afseeneffama isaaniin gargaaramanii tursiisuun dhalootaa dhabarsaa jiru. Haata'u malee, gareen hawaasa Oromoo Tuulamaa akka waliigalaatti kan Torban Oboo immoo addatti, eenyummaa waliigalaa safuu, duudhaa, seenaa naannoo, daangaafi hidda dhalootaa waloo yoo qoratamanillee af-seeneffamni eenyummaa isaani mul'isu hinqoratamne.

Qabxiilee ka'umsaa armaan oliirratti hundaa'uun, qoranno kun kaayyoolee gooree armaan gadiirratti bu'uureffatee dhiyaate. Inni tokkoffaa, af-seeneffamota eenyummaa Torban Oboo dhimma achii as dhuftee yookiin hidda dhalootaa barsiisan ibsuu yoo ta'u , inni lammaffaa immoo, afseeneffamota eegumsa daangaaf qaban ittiin mul'isan addeessuu irraatti xiyyefatee dhiyaate.

Hawaasni Oromoo dhimmoota bu'aa ba'ii jirenyaa muudateefi beekumsa muuxannoorraa kuufatan afseenessaan waliif quodu; dhalootas barsiisu. Afseeneffamni adeemsaa jirenyaa haala miidhagina qabuun dhiyaatu kun immoo jirenya hawaasaa bakka bu'ee eenyummaa hawaasichaa waan ibsuuf barreeffamaatti jijjiiranii kaa'uun barbaachisaadha. Af-seeneffama hawaasa tokkoo hubachuun waa'ee hawaasa beekuu waan ta'eef, ilaalcha hawaasa baruuf immoo af-seeneessa hawaasichaa qorachuun barbaachisaa ta'uusaati. Yaadni kun eenyummaa aadaa, siyaasaa, sabboonummaafi tokkummaa hawaasaa ijaaruu keessatti fooklooriin akka waliigalaatti, gahee olaanaa akka qabu mul'isa. Fookloori keessaa immoo af-seenessi addatti dhuftee hawaasaa karaa adda addaa ibsuudhaaf bakka olaanaa qaba.

Kanarraa ka'uun, mata duree kanarratti qorannoo akkan deemsisuuf kanneen ka'umsa naaf ta'an keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti. Isaanis, af-seeneessi eenyummaa hawaasaa akka waliigalaatti ibsuun hawaasa Oromoo biratti beekamaa ta'ullee, ga'ee isaan ijaarsaafi dabarsa eenyummaa hawaasichaa irratti qaban hangan sakatta'a geggeesetti qorannoong gadfageenya qabu adeemsifamee hinjiru. Kanaaf,

beekumsa xabboofi ilaalcha hawaasaa kun yoo qoratamee ifa ba'e sirna bulchiinsaa, siyaasaa, dinagdeefi barnootaa yeroo ammaa keessatti shoorri isaan taphatan guddaa ta'u mala. Haa ta'u malee, dhaloota ammaa biratti dagatamaa deemeera. Kunis, muuxannoona jirenya hawaasaa keessa jiraadhurraas ta'e, barattoota sadarkaa yunivarsiitti barsiisaa jirurraa akkan hubadhetti dargaggooni hedduun seeneffama abbootii eenyummaa dagaagsuu keessatti bakka olaanaa qabu akka hinbeekne argeen jira. Kanaaf, beekumsaafi duudhaa hawaasaa af-seenessa keessatti ijaaramee jiru dhaloota itti aanee dhufutti darbaa jiru kun qoratamee yoo beeksifame, bu'aa qabeessummaan isaa natti mul'ateera.

Ka'umsa qorannoo kanaa inni biraan , walga'ii '*Waldaa Torban Oboo'* gaafa 12/12/2019 magaalaa *Oolanciittiitti gaggeeffame* hirmaachuu kooti. Bakka sanatti beekumsa af-seenessa hawaasni Oromoo Torban Oboo qaban 'Qixxee Gosaafi Qixxee Fira' gargaaramanii tokkummaafi eenyummaa osoo walbarsiisa dhalootaa dabalasa tursisanii argeen ture. Kun immoo yeroo ammaa kana adda addummaa jiru dhiphisuun tokkummaa dagaagsuu gahee olaanaa akka ba'ee jiru argeen jira. Kanaaf, ijaarsi eenyummaa akkasii hawaasa Oromoo bakka biroo birattis yoo beekame gaarii ta'uun isaa waan na amansiiseef dhimma af-seenessa ijaarsa eenyummaa irratti qorannoo akkan adeemsisuuf na kakaseera.

Gama biraan immoo, qorannoowwaan kanneen kanatti dhiyeenya qaban Abreham (2012) mata duree '*Narrating Local Identity Among The Southwestern Oromo Of Ethiopia: The Case Of The Jimma And Gera'*' jedhu irratti kan maxxansiisedha. Xiyyeefannoona qorannoona isaa akkaataa gareen hawaasa Oromoo tokko, garee biroorraa adda ta'ee eenyummaa isaa seenessu , seenessa eenyummaa gareen Oromoo Jimmaa kan Geerarraa adda ta'uusaanii kan addessu ture. Bu'aan qorannoona isaa akkaataa Oromo Jimmaa of ilaaluifi Oromo Geeraa of hubatu walbira qabee qorachuun garaagaara ta'uusaa agarsiisuun "Oromo could hardly have maintained their ethnic identity or existence as an ethnic group or people in the multi-ethnic context of Ethiopia."(2012:9.) jechuun ibse. Yaadni waraabbii qoranno Abiraam Oromo eenyummaa sabummaa yookiin akka garee hawaasaatti Itoophiyaa sabdaneessa keessatti tokkummaa isaa eeggatee akka hinjirre hime. Kun eenyummaa Oromoo isa bu'uura tokkummaafi walitti dhiyeenya hundee godhatee ture kan haaludha. Kanaaf, qorannoona Abreham seenessa eenyummaa hawaasa Oromo Jimmaafi Geeraa walbira qabee agarsiisuun haa yaaluyyu malee, yaada bu'uura tokkummaa Oromoofi eenyummaa Oromoo hincimsineen ibse. Kun immoo, garaagarummaa hawaasaa kan bal'isu malee kan walitti fidu miti.

Yaada Abrehaam kana faalleessuun , Alamaayyoo (2008) sabni Oromoo hanga fedhe walirraa fagaatee haa jiraatu malee, yaada siyaasaa walfakkataafi qindoomina jarmiyaa tokko qabaachuuusaa mul'iseera. Kanaaf, qorannoona kun immoo seenessi eenyummaa garaagarummaa hawaasa Oromoo guddisee, ijaarsa seenessaa tokkummaa jiru xiqqeessee agarsiisuun osoo hintaane seenessi ijaarsa eenyummaa saba Oromo tokkummaafi walitti dhufeenyaa guddaa akka cimsaa tureefi jiru qorannoona kanaan mul'isuuf yaala.

Akkasumas, hanga ani sakattaa geggeessetti qorannooleen af-seeneffamota ijaarsa eenyummaa Torban Oboorratti gadi fageenyaan hoijetame waan hingarreef, mata duree kanarratti qorannoona yoo gaggeefame, ijaarsa eenyummaa beekumsa xaboo Oromo mul'isuu danda'a yaada jedhurraa ka'een qorannoona kanaadeemsisuuf kaka'e.

Walumaagalatti ,qorannooleen armaan olitti adeemsifaman seeneffama jiruufi jirenya uummata Oromo yoo mul'isaniyyu, akkaataa seeneffama ijaarsa eenyummaa uummata Oromo beekumsa ganamaa agarsiisuurratti hanqina qabu. Kanaaf, qawwa ijaarsa eenyummaa beekumsa xaboo hawaasichaa isa

dhimmoota Oromoonti Torban Oboo hidda dhalootaa, daangaa lafaa, haala babal'inaafi qabiyyee lafa isaaniif raagamtaa akkamii qabu? Akkamiinis seenessu? kan jedhu irratti xiyyeffata.

2. Sakattaa Barruu

Hiddi dhaloota dhugaa beekuun dhimma nama tokkoofi maatii xiyyeffannoo keessa galchee seenessuuf tajaajila. Hidda dhaloota abbaa lakkofsisuu qaaccesssuun immoo latinsaafi hidda dhalootaa hawaasichaa ibsurraa eegala Stephen (2019). Ibsi qorannoo kanaa immoo akkaataa Torban Oboo afseeneffamootatti gargaaramee hidda dhaloota isaafi dhuftee isaa dhugaa himatu mul'isuu ta'a.

Yaada kana deeggaruun Alamayyoo (2008) hiddi dhalootaa duubatti deebi'amee waan lakkaa'amuuf seenaa abbootii ofii yookiin dhuftee ofii beekuuf akka gargaaru ni ibsa. Akkaataa kanaan hawaasni Torban Oboon hidda dhaloota isaa hanga jilba kudha lamatti himuu ijollota isaa barsiisa. Lambert (1996) immoo seenaa hidda dhalootaa ofii qorachuun yookiin beekuun waa'ee ofii amma keessa jiran hubachuun, seenaa abbootii duraan naannoo sana turan baruufi eenyummaa dhaloota duraan turan dhaloonni egeree akka hindagganneef gargaara jechuunibsa.

Saba Oromoo keeessatti beekumsiifi odeeffannoonaan kan dhalootaa dhalootatti darbu karaa maatii, amantaafi sirnoonni adda addaa yeroo adeemsifaman hidda dhalootaa, dhuftee gosa isaanii karaa afseeneffamoota himamaniin baru (Asafa, 2010). Sababiisaan kallattii kanaan eenyummaa barsiisan Oromoonti hidda dhalootaa ijoollees isaa kan barsiisu fedhii qabeenya waloo fayyadamu, adeemsa dura buutota siyaasaafi amantii dursanii hundeessuuf gargaaramu(Asafa, 2010) yaada jedhuun cimsa. Kun immoo booda siyaasa, amantii kan gaggeessaan dursanii leenjisuu, cimsuufi guddisuufi akka gargaaru beekumsa isaan qaban agarsiisa

Yaadni beektotaa armaan olii kunneen akka mul'isutti afseenessi hawaasa Torban Oboo waliin walfakkaatuun seenaa darbe osoo hinbeekiin jiraachuun amala namaa osoo hintaane amala sa'aa ta'uussa walbira qabanii ibsu. Daangaa lafaa naannoo lafaa yookiin bakka galaanaa abbummaan isaa kan biyya , saba yookiin nama dhuunfaa ta'e tokkodha. Gama siyaasaan immoo bakka hawaasni yookiin mootummaan tokko bulchu ta'ee iddo angoofti qabeenyi irratti muryteessan ta'uusaa mul'isuun, Sommer (1966) daangaa lafaa bakka nama dhuunfaan, maatii yookiin gareen to'atamu ta'ee qaama abbummaa irratti qabu sanaan kan eegamu ta'uusaa ibsa. Itti dabaluun David (2020) daangaa olitti haala teessummaa qofa osoo hintaane yaaduu, gochaalee hawaasaafi adeemsa hawaasaafi bakka walitti hidhu ta'uusaa ibsa . Akkasumas, daangaaafi haalli daangaa adeemsa siyaasaa qofa osoo hintaane, mallattoo hawaasaafi karaa angoo siyaasaa gama qabiyyeefi nageenyaan mul'atu ta'u isaa ibsa. Itti dabaluun, daangaa eenyummaa, amanamummaafi gidduu gala jaalala hawaasaati jechuun ibsa.

Yaada armaan olii cimsuun Maier (2016) akkaataa daangan itti hubatamu ijaarsa eenyummaa hawaasaafi miira abbummaafi gahee olaan taphata. Kana caalaa, daangan bakka muurtoon eenyummaa, aadaafi siyaasaa walitti fidudha. Eenyummaan hawaasa tokkoo daangaa isaa waliin mul'atee gidduu gala waalle biyyaaleessaa ta'ee bakkii tokko mallattoo hawaasichi ittiin beekamu ta'uusaa ibseera.. Dhimmi biraa qorannoo kana keessatti daangaa waliin walqabatee ka'uu malu sirna Gadaadha. Sirni Gadaa jaarmiyaa hawaasa Oromoo akkaataa sochiilee siyaasaa, dinagdee, hawaasummaafi amantii hawaasa keessa jiru ittiin baru ta'ee tajaajila jira. Akkasumas, sirni kun tooftaa hawaasummaa, barnoonni,amantii ibsat, nagaan eegamu, walitti dhufeenyi cimuufi birmadummaafi walqixxummaan itti labsamudha. Gosa Oromoo Maccaafi Tuulamaa keessatti marsaaleen Shanan Gadaa: Horata, Michillee, Duuloo, Roobaleefi Birmajiii dha (Dirribii, 2012). Hawaasni Torban Oboo immoo damee Tuulamaa keessaa tokko waan ta'eef marsaalee Gadaa shanan armaan oliitti hammatamanii jiru.

3. Malleen Qorannichaa

Kutaa kana keessatti tooftaalee qorannichaafi wantonni mala qorannichaatiin walqabatan kanneen saxaxa qorannichaa, madda ragaa, jamaa qorannichaa, ibsa naannoo, iddattoofi tooftaa iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaafi mala qaacceessa ragaa qorannoo kana keessatti dhimma itti bahu dhihaatu. Qorannoo kun yaaxxiinoota falaasamaa qorannoo akkamtaa bu'uureffata. Malli kunis dhugaa kallattii hedduu beekumsa hawaasaa, hiikkaa seenaa, afaniifi aadaa hawaasummaarratti ijaarama(Creswell, 2007). Akkasumas, qorannoo kan keessatti mala akkamtaan ragalee afseenessa ibsaafi ijaarsa eenyummaa Torban Oboo keessatti uumamaniifi itti fayyadaman funaanuufi xiinxaluuf gargaara. Kun immoo dhugaa hawaasichi itti amanu, beekumsa inni muuxannoo isaarraa kuufatee itti jiraachaa jiru haala galmaafi ijaarsa himoota gargaaramuuun mul'isa. Qoranno kunis yaadota armaan olii bu'uureffachuun saxaxa ibsaa-hiikkaatti fayyadamee jira. Qoranno kun qorannoo sanyaabsaa dhimma beekumsa hawaasaa irraatti xiyyeffate waan ta'eefis, paraadaayimiin ijaarsaa bu'uureffatamee jira. Qorannoo kana adeemsisuuf qoratichi ragaalee kan funaannate madda ragaa tokkooffaarrati. Isaanis buleeyyi kan ta'an abbootii Gadaa lama, foolleewwan sadii, hawwanii afuriifi ayyaantuwwan lama naannoo qoranno adeemsifame keessa jiraatan akka madda ragaatti gargaaramee jira. Qorannoo akkasii keessatti maddi ragaa tokkoffaa bu'aalee hedduu akka qabu(Ajayi,2023)) ibsa.

Haaluma kanaan maddi ragaa qorannoo kanaa hawaasa Torban Oboo naannoo aanaa Boosat keessa jiraatan yoo ta'an, raghimtoota bakka maddaarraa toofaa akkayyoofi darbadabarsaan filataman. Filannichis toftaa iddatteessuu akkaayyoofi darba dabarsaan geggeessame. Sababiin isaas, akkuma Creswell, (2012) ragaalee qorannoo sanyaabsaa funaannachuu keessatti malleen iddatteessuu akkayyoofi darbaadabarsaa kanneen filatamaafi cimina olaanaa qabanidha jedha; qoratichis dirree qorannoo isaatti erga bobba'ee booda ciminaafi barbaachisummaa isaanii mirkanoeffachuun malleen kanneenitti gargaaramee jira. Filanno iddattoo hawaasa qoranno kunis beekumsa iddattoowwan kun seeneffama eenyummaa hawaasichaa qabanirratti bu'uureffata. Ragaa qorannoo kanaa walitti qabuuf toftaalee funaansa qorataan dhimma itti ba'e afgaaffii miti caaseffamaa, marii garee xiyyeffannoofi daawwanna miti hirmaachisaa yoo ta'u, toftaaleen kunis qorannoo akkamtaa gaggeessuufi hawaasa keessa jiraatanii raga walitti qabchuuf kanneen bu'aa guddaa qabanidhaa. Sababiin toftaalee kun itti dhimma ba'amana ragaalee akkamtaa nuuf argamsiisuu kan danda"uifi gaafataafi daawwataan ragaalee gadifageenya qabaniifi dhugummaa qaban akka argatus kan taasisudha (Cohen & Crabtree, 2006). Ragaaleen kunneen malleen armaan oliin walitti qabaman waraabbi sagaleefi suur-sagaleen, yaadannoo qabchuu, suura kaafachuun ragaalee argaman Stephens (2005) qorannoo akkamtaa keessatti ragaalee qorattooni walitti kanneen afaniifi afaniin ala walittiqabatan jijiiruu dagachuu akka hinqbne ibsee jira.

Haaluma kanaan godinaalee Oromiyaa digdamii afur jiran keessaa Godinni Shawaa Bahaa qorannoo kanaaf filatamee jira. Sababiin isaa immoo argama baay'inaafi gosootaa hawaasa Torban Oboorratti hundaa'eeti. Kana malees, maleenyi dhimma itti ba'ame, malenya gaaffii seenessaafi hidda dhalootaa ta'ee , ijaarsa afseenessa eenyummaafi hidda dhalootaarratti waan xiyyeffatuufidha.

Qorannoo kana keessatti xiinxalli ragaalee kan inni adeemsifame mala akkamtaati dhimma ba'uun seenaa jirenya hawaasaa yoo ta'u, yaaxxinni ijaarsa eenyummaafi ijaarsaa hawaasummaa irratti akkaataa bu'uureffateen dhiyaate. Sababiin isaa xiinxalli ragaalee adeemsaa ragaalee qindoomina hinqbneef duraa duubummaa, qindaa"inaafi hiika kennuti (Daymon & Holloway, 2002). Kanaaf, ragaalee argaman qindeessuu, cuunfuufi hirmaatessun ragaalee hir'isuufi duraa duubaa kennuufiin ergaa ragaalee keessaa addaan baasuufi walqabsiisuu qorannichi qindaa'eera(Patton, 1987).

4. Argannoowwaniifi Ibsa Isaanii

Kutaa kana keessatti immoo Af-seenessoota hawaasni Torban Oboo ittiin dhufteefi hidda latinsa isaa ibsu xiinxaluun dhiyeessa. Kaayyoon kutaa kanaa inni guddaa Torban Oboo eenyummaa dhuftee isaa afseenessaan ijaaree tursiiseeruufi dabarsaa jiru ibsuudha. Kutaan jalqaba, dabarsa hidda latinsaafi adeemsa ijaarsa eenyummaa dhiyeessa. Lammafaan immoo, akkaataa dhufteefi babal'ina agarsiisa; itti aansee, eegumsi daangaa, abbummaa lafa irra jiraataniifi itti gaafatamummaa warra angoo ofharkaa qabanii addeessa.

4.1. Xiinxala Af-Seenessa Dabarsa Hidda Latinsaa

Hiddi dhalootaa shaakala eenyummaa dhuunfaafi sabummaa yookiin lammii ofii akka beekaniif riqicha walitti fidudha. Hiddi dhalootaa bakka jirenya maatiifi walitti hidhatinsa haala addunyaaleessa waliin qabu mul'isa. Halootaa kallattii walitti dhufeonya lafa, aadaa, bakka jirenyaafi eenyummaa walitti fidee qoratudha. Kana malees, miira anummaafi kan garee hawaasa keessatti argamanii mul'isa (Nash, 2002). Alamayyoo (2008) hiddi dhalootaa duubatti deebi'amee waan lakkaa'amuuf seenaa abbootii ofii yookiin dhuftee ofii beekuuuf akka gargaaru ni ibsa. Dhimmoota hidda dhalootaa ilaallatee xiinxalli ragaa walitti qabamee akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

Ragaan odeefkennitoota hawaasa Torban Oboo irraa argame mul'isutti afseenessa ittiin eenyummaa isaanii karaa hidda dhalootaa lakkaa'an adeemsa mataa isaanii qabaachuu himu. Afseenessi kunneenis haala achii dhuftee isaanii dhaloota haaraa barsiisan ijoolloni duubee warra isaanii baranii waan abbootiin keessa taran akka hindaganne taasisuuf seenessaan agarsiisu. Ragamtaa dhuftee maatii ofii beekuu irraa ka'uun, kan hidda dhalootaa dagatu hawaasummaa keessaa baasu. Afseenessi hawaasni Torban Oboo ittiin hidda dhalootaa ofii beekuuuf itti gargaaramanii hafee armaan gadiin taa'eera. Kunis, ijoolloni bakka dhufteefi sanyii abbootaa isaanii akka hindaganneef yeroofi xiyyeffannoo kennuun sirna adda qopheessuun dhaloota isaanii barsiisu. Kanas, haala armaan gadiin afseeneessaan dhiyeessu:

Hidda Dhalootaafi Eenyummaa

Afee (1)

Namni hidda dhaloota isaa lakkaa'uu hinbeekne akka loonii marguma dheeduuti Oromoorn ilmaan isaa abbaa kudhanii amma kudha lamatti dhiiras dubaras lakkosisa. Oromoofi saba kan biroo naannoo keenyaa baayyina isaan hidda dhalootaa himatanifi beekaniin adda baafna. Torban Oboo ta'ee kana hunda lakkaa'ee gosa isaa bira hing'a'u taanaan hawaasicha biratti akka gosaatti hinsimatamu. Orma jenna.

Akka ragaan armaan olii mul'isutti, hawaasa Torban Oboo keessatti hidda dhaloota ofii barsiisuun gaheefi dirqama maatii tokkooti. Hidda dhalootaa lakkofsisuun karaa itti hawaasni beekumsa maatiifi qomoo dhalootaaf itti dabarsuudha. Dhloonni haaraan hortee hidda isaanii akka beekaniif karaan itti barsiifatan adeemsa hidda dhalootaa lakkofsisuun kanaan. Kanaaf, Oromoorn ilmaan isaa abbaa kudhanii amma kudha lamatti ijoolle dhiiras ta'e dubaraa lakkosisa jedhu. Akka ibsa ragaan kanaatti, lakkofsi hidda dhalootaa lakkaa'amu amma abbaa kudhaniifi isaa ol ta'uu qaba. Kun xiyyeffannaa dhaloota of hubachiisuuf qaban seeraa hawaasicha ijoo ta'uu nama hubachiisa. Dhufteen hidda dhalootaa kunis kan barsiifamu dhiirota qofa osoo hintaane dubartoonnis ni barsiifamu. Sababiin isaas dubarrille bakka heerumtetti kan isheen kabajamtu yoo ofiishee hidda dhaloota ishee beektee ijoolle ishee barsiiftedha.

Achi as dhuftee abbaa lakkaa'uu kan hinbeekne nama of yookiin eenyummaa isaa hinbeekne kan yeroof waan kennameefii qofa malee duubaafi fuuldura isaa hubachiisa hindandeenyetti ilaalam. Kana

immoo loon waliin walbira qabanii dhiyeessu. Namni hidda dhaloota isaa lakkaa'uu hinbeekne akka loon marguma dheeduuti jechuun ibsu. Loon asiin dhufe; achin deema jedhanii karoora mataa isaaniifi galma tilmaammatanii deeman hinqaban. Loon namaan asiifi achi kan ofaman malee bakka kana oolla jedhanii kaayyeffatanii jiraatan hinqaban. Hawaasni Torban Oboo ofifi hidda dhaloota ofii xiyyeffannaan akka baramu fakkoommii kanaaan ibsu. Hawaasni kun amala loon isaa beeka. Beekumsaafi hubannoo akka isaan hinqabaanneefi of ibsuu hindandeenye beeku. Amala kanatti fakkeessuu nama hidda dhaloota isaa ibsuu hindandeenye qeequ. Akkuma kana namni hidda dhaloota isaa hinbeekne ba'ee galuu malee egeree isaa hinbeeku. Hawaasni Torban Oboo immoo dhaloota kaayyoofi dhuftee isaa hinbeekne qabaachuu waan hinbarbaanneefi ijoollota isaa hawaasa kanneen birooraa addaatti hidda dhaloota isaanii akka baranif abbaa lakkofsisa.

Yaadni armaan olii dhalootni hiddaa abbaa lakkaa'uu hindandaa'u yoo ta'e eenyummaa, aadaafi safuu hawaasichaa kan hinbeekne, hinsafeeffanne ta'a. Namni aadaa hawaasichaa hinbeekne maalummaa hawaasichaa baruus hindanda'u. Eenyummaafi safuun hawaasa tokkoo aadaa isaa keessaan waan mul'atuuf kan hidda dhaloota maatiisaa hinbeekne safuu hawasichaas hinbeekuu akka hindandeenye himu. Kun immoo enyummaafi jireenyi hawaasichaa hidda abbaa lakkofsisuun keessaan akka mul'ata hubachiisa. Kanaaf, hidda dhalootaa laakoofsissuun yookiin barsiisuun ijaarsa eenyummaa keessatti gahee mataa isaa akka ba'aa jiru mul'isa.

Akkasumas, saboota adda addaa naannoo isaanii jiraatn keessaan Oromoo kan ta'eefi hintaane adda baasuuf tooftaa isaan gargaaraman keessaan tokko abbaa lakkofsisuudha. Oromoofi saba kan biroo naannoo keenyaa hamma isaan hidda dhalootaa himataniifi beekaniin adda baafna yaada jedhu himu. Kunis, warri saba biraa ta'an haga fedhe hidda dhaloota yoo himataniyyu abbaafi akaakayyu qofa himu; Oromoorn garuu kudhanii haga kudha lamaatti himuu irraa akka eegamu dubbatu. Eenyummaa hawaasichaa kanneen birooraa adda baafachuuf mala kana gargaaramu. Tooftaan hawaasni Torban Oboo gargaaraman kun firaafi diina adda baafatanii gosaafi firaan waalijaaranii tokkummaa isaanii cimsataniif akka isaan gargaaruutti amantii qaban agrsiisa.

Itti dabaluun, hawaasni tokko eenyummaa isaa qabatee itti fuksiisuuf hidda dhaloota isaa beekee walbarsiisaaa yoo deeme malee wantoota gochaaleefi maalummaa eenyummaa agarsiisan dagataa deemuun ofdhabuu danda'a. Hidda dhalootaa lakkosisuun hawaasa Torban Oboo immoo hawaasichi aadaa, daangaafi duudhaa isaa eeggatee tursiiftauuf gargaarera.

Yaadni ijoo inni biraan afee kana keessatti dhiyaate sanyii abbaa ofii yoo xiqqaate kudhan lakkaa'ee nama bira hingeeyne hawaasichi akka qoomoosaatti yookiin gosaatti hinsimatu. Nama akkasii hawaasicha birattis amanamummaa akka hinqabaanne agrsiisa. Kun immoo hawaasni Torban Oboo tokkummaa isaa cimsatee osoo addaan hincicciramiin turuusaaf guddaa gumacheera. Sababiin isaa malli kun ormaafi fira akka adda baafatan taasiseera. Ormaafi fira adda baafachuun diina ta'ee boru kan isaan miidhuu danda'u irraa akka ofeeggataniif isaan gargaaruu isaanii afseenessaan agarsiisu. Alamayyoo (2008) hiddi dhalootaa duubatti deebi'amme waan lakkaa'amuuf seenaa abbootii ofii yookiin dhuftee ofii beekuuf akka gargaaru ni ibsa.

Dhimmi hidda dhalootaa kunis eenyummaa dagaagsuu keessatti gahee oolaanaa qabaachuu mul'isa. Aadaan hawaasichaa namni kamuu hiddaa dhalootaa seeraan lakkaa'ee bira ga'uu hindandeenye taanaan ormatti laakkaa'a. Ormi miseensa gosoota Torban Oboo kamiyyuu ta'uu hindanda'u; sirnoota hawaasaa keessatti qooda hinfudhatu; dhalaa qabeenyaa, jaarmiyaa hawaasaa hoogganuullee karaa qixxee gosaas ta'e qixxee firaan kamiyyu argachuu hindanda'u. Kanaaf, beekumsi hawaasaa hidda dhalootaa lakkofsisuun kun tokkummaafi eenyummaan Torban Oboo cimsee tursiseera.

*Sirna Achii As dhuftee Barsiisu Qopheessuu**Afee 2*

Ijoollonni hidda dhaloota isaanii akka beekaniif kan ittiin cimsinu sirna qabna . Innis ‘Sirna Dikee’ jedhamu qopheessinee ijoollee keenya barsiifna. Kan cinatti, ijoollonni loon keenyaa hinjiran taanaan jireenyi akka hinjirre cimsina. Namni ameessa hinqabne harki gogaadha jechuun xiyyeffannoo looniif qabnu agarsiifna. Kanatt dabalees duudhaa keenya barsiifna . Fakkeenyaaf, maqaan Cuqqaalaay yoo ta'e sanyiin akaakilee durii Cuqqaalaatti dhalachuufi achii dhufuu barsiifna. Hawaasi yoo ta'e immoo abbootii naaannoo laga Hawaas jiraachaa turuu argsiifna. Kanan immoo bakka dhaloota abbootii keenya duriif kabajaafi safeeffanna malu ittiin mul'ifna;akkasumas, qabiyyeen lafa naannoo sanaa kan keenya ta'uusaa akka baranii eeggataniif gargaaramma.

Himtee armaan olii afgaaffii raghimtootaarrraa argame hidda dhalootaa barsiisuuf addatti sirna mataa isaanii qopheeffatanii gargaaramuu isaanii mul'isa. Sirnichis ‘Sirna Dikee’ yoo ta'u galgala bakka loon galanitti ijollota walitti qabuun dikee loonii walitti qabameerra taa'uun hidda dhalootaaa hawaasichaafi hojimaataa yookiin bultoosaa kan ta'e loon horsiisuufi kunuunsurratti xiyyeffannoo jiru waliin hidda dhalootaafi seenaa isaanii barsiisu. Sirna Dikee kana keessatti seenaa ni himu; irra deebi'anis ni gaafatu. Kan akka gaafatametti sirriitti deebise loon achi jiran keessaa akka badhaafamutti abdiidhaan onnachiisu; kan wallaale immoo kennaan loonii akka hinamalleefiitti fudhatee marsaa biraatti of qopheesee akka argamu taasisu. Kun immoo hidda dhalootaa barsiisu keessatti ittiin bulmaanni hawaasicha ga'ee guddaa akka qabu agrsiisa. Caalaatti immoo ijolloonni hidda dhaloota isaaniifi firoottan sirriitti beekanii adda baafatniif cimsuu akka danda'aniif . Akkasumas, hawaasichi loon horsiisuufi kunuunsuu hundee dinagdee isaa ta'uusaa agarsiisa.

Hidda dhalootaa kanaan waalqabsiisanii waa'ee looniif ilaalcha qaban ibsuufi bu'uura dinagdee isaanii ta'u yeroo agrsiisan mammaaksa *Namni ameessa hinqabne harki gogaadha jedhanii mammakuun faayidaa loonii eenyummaa dinagdee walqabsiisanii addeessu*. Kunis, kan loon hinqabne abdii jirenyaa kan hinqabne ta'u agarsiisu. Haalli kun immoo loon qaban yoo kunuunsan malee ofii jiraachufis ta'e dhalota boodaa dhalchisuun kan hindanda'aamne ta'uusaa agarsiisuuf gargaaramu. Itti dabaluun, jiraachuu looniif lafti, margifi biyyee naannoo isaaniif kunuunsa gochuu akka malan agarsiisu.

Yaadni ijoo inni biraa afee armaan olii keessatti ka'e immoo hawaasichi iddo hidda dhaloota isaa akka hinirraanfanneef uumama naannoofi bakkeewwan dura abboonni jiraataa turaniin bakka buusanii addeessu. Kunis ijoollonni abbootiin durii naannoo kam jiraachaa turuu isaaniif maaliif bakka sana dhiisanii akka deeman mul'isuuf gargaaramuu isaanii mul'isa. Fakkeenyaaf, Cuuqqaalaajiraachaa turuu isaanii kan agarsiisan qabiyyeen abbummaa naannoo sanaa ammayyu kan gosa isaanii ta'uufi qaamani biraa akka hinfudhanneti eeguu akka malan agarsiisa. Lagni Hawaas immoo malkaa loon ob Dhloonni haaraan bakka maatiin isaanii turan akka safeeffatanifi kunuunsan , duudhaa, safuufi safeeffanna , gootummaafi aadaa ofii eeganii tursiisuun garee itti aanutti dabarsuun barbaachisaa ta'uusaa mirkaneessa.

Dhugaa kana mirkaneessuuf ijoollonniifi dargaggoonni akkaataa barsiifamaniin aadaa isaanii eeggatani osoo hojiitti jijiiranii qorataan daawwannaa taasise keessatti argeera. Kunis ijoollonni xixiqqolle osoo sirnaafi garee isaan ilaallatu keessatti foolleefi irreeffanna warra gadaa arfaasaa keessatti yoo isaan qooda fudhatan argeera.

Walumaagalatti, af-seenessi hidda dhaloota beekuuf akka ulaagatti kaa'amuun beekamu keessaa tokko hidda dhalootaa gama haadhaafi abbaan lakkoofsisuun eessaa dhuftee isaa adda baasa. Miseensi hawaasa sanaa marti eessa dhufteefi hidda dhaloota isaa beekuuf uumama naannoo isaa faana walqabsiisee akka hubatu kan mul'isudha.

4.2. Af-Seenessa Ibsa Eenyummaafi Daangaa

Paasi (2008:48) dhimma eenyummaa daangan lafaa yoo ibsu daangaan takkaa hundaa'eennaan gochaalee hawaasummaa sabni tokko keessatti of murteessu ta'a. Qabeenyifi daangaa waliin yoo walhidhatan , mallattummaan isaa immoo enyummaa hawaasaa kan ibsu ta'u addeessa. Akkaataan daangaa hawaasaan hubatamu eenyummaa hawaasaa ijaaruufi miirri abbummaafi ormummaa akka mul'atu kan taasisan keessaa tokko ta'uu mirkaneessuun, daangaan bakka murtoo, eenyummaa hawaasaa ta'ee siyaasaafi aadaa waliin hidhatu.

Ragaan marii gareefi afgaaffii Torban Obooraa argame akka mul'isutti hawaasni Torban Oboo eegumsa dangaafi enyummaa haala armaan gadiin walqabsiisanii ibsu. Kunis daangaa ofii eeguun gahee garee hawaasa gaggeessaniidha. Gareen yeroo tokkotti gaggeessaa hawaasaa ta'ee filatamu daangaa duraanii dabarsee eeguu mala. Hawaasichi ilaalacha kana cimsuuf afseenessa eenyummaa ittiin aakkaataa daangaa isaanii eeggataniifi eeggachaa turan haala armaan gadiin hafeen ibsu.

Daangaafi Warra Gadaa

Afee (3)

Akkataa ittiin daangaa keenya eeggannee dhalootaatti dabarsinu keechaa inni bu'uuraa haala sirna Gadaa irratti hundaa'eeti. Nu'i akka hawaasa Torban Obooti sirna Gadaa keechatti warri dabaree Gadaa fudhatan daangaa irratti mana ijaarachuun lafa baasuun beekamaa ture. Gadaan tokko yeroo Gadaasaa daangaa duraan jiru eeguun tursiisuun yookiin achi butuun irraa eegama. Warri Gadaa sun yoo dadhabaillee bakka gareen Gadaa duraanii ga'anirratti eeganii tursiisuun dirqama. Darbanii daangaa dabaluun immoo jabina warra Gadaa yeroo sana ofharkaa qabaniiti. Gareen Gadaa itti aananii dhufanii immoo bakka daangaa gadaan duraa ga'e eeguun kan biraa itti dabaluu qaba. Warri Gadaa yeroo sanaa daangaa dabaluun garee isa duraa darbee bakka isaa eeggachuu qaba. Bakka warri Gadaa duraa ga'anirraa dabalanii daangaa bal'isanii argamuun jabinaafi cimina warra Gadaa yeroo sanaa waan agarsiisuuf itti cichanii Godaansaan eeggatu. Goodaansa jechuun immoo isa rakkof ykn beelaaf goodaanan osoo hintaane hanga barri gadaa isaanii dhumeennaan inni itti aanu dhufitti naannoo aykn daangaa eeguufi tursiisuuf kan adeemsifamudha.

Yaadni afee kanaa akka agarsiisuutti, daangaan afseenessa eenyummaa hawaasa Torban Oboo keessatti bakka olaanaa qaba. Kanaaf , dhimma daangaarratti xiyyeffannoo kenuun jaarmiyaatiin akka hoogganamu taasisu. Kana raawwachuduhaaf immoo hawaasa Torban Oboo sirna gadaa abbootii isaaniirraa dhaalan lafa qabachiisanii akka jiran himu. Adeemsa gadaa keessatti dhimmi daangaa eeguu yookiin dabaluu gahee hojii hooggantoota hawaasaa ta'uusaa ibsu. Daangaa ofii kabachiisuuf kan dura turerra dabaluuf gareen hawaasaa sirna kana keessatti angoo argate qeyeefi bakka duri jiraachaa turan dhiisanii gara naannoo daangaa hawaasichaan addaan ba'ee beekamuu deemu. Daangaarratti mana ijaarrachuu lafa baasu. **Lafa baasuun** bakka warra gareen gadaa duraanii turanirratti daangaa lafaa achi butuun dabaluu akka ga'umsa olaanaatti fudhatu. Yaada kana Asafa(2010) cimsuun bulchiinsi gadaa gama dinagdeen, aadaan,siyaasaafi jaarmiyaalee amantiin hawaasa qindeessuun itti gaafatamummaa warra gaggeessitootaaf kenuun bakka bu'uumma gosoota hundaaf kennee rakkolee uumamaniif furmaata kenuun mirgaafi bilisummaa bu'uuraa hawaasicha kabachiisa. Akkasumas, bakkoota walfalamsiisoo ta'aniifi waldhabdee hawaasicha gidduuttis ta'e kanneen biro gidduutti uumamee furuu

danda'a. Yaadni kun gadaan dhimmoota bu'aaleefi jirenya sabichaa eegsisuu keessatti gahee olaanaa akka baa'aa tureefi jiru agarsiisa. Gaheelee kanneen keessa immoo dhimma daangaa kabachiisuu isa tokko. Daangaa kabajchiisuu akka eenyummaa ijaarrachuutti waan fudhataniif afseenessa isaanii eenyummaa daangaa isaanii waliin walqabsiisanii tarreessu. Daangaa lafaa akka qaama uumamaa ilaalamuu olitti haala teessummaa yaaduu, gochaalee hawaasaafi adeemsaa hawaasaafi bakka walitti hidhu ta'uusaa ibsa . Akkasumas, daangaafi haalli daangaa adeemsaa siyaasaa qofa osoo hintaane, mallattoo hawaasaafi karaa angoo siyaasaa gama qabiyeyifi nageenyaan mul'atu ta'uusaa ibsa. Itti dabaluun, daangan eenyummaa, amanamummaafi gidduu gala jaalala hawaasaati jechuun ibsa.

Akkuma afee armaan olii keessatti yaadni jiru argarsiisutti gaheen miseensi hawaasa tokkoo daangan takkaa hundaa'eennaan gochaalee hawaasummaa sabni tokko keessatti of murteessu ta'a. Qabeenyiifi daangaa waliin yoo walhidhatan, mallattummaan isaa immoo eenyummaa hawaasaa kan ibsu akka ta'u addeessa. Hawaasnin Torban Oboo dhimma eenyummaa siyaasaa, aadaafi dinagdee daangaa waliin walqabsiisanii seenessaniif jaarmiyaa sirna gadaa keessatti bakka olaanaa kennanii afseenessaan ijoollee isaanii barsiisu.

Qabxiileen armaan olitti ka'an hawaasni Torban Oboo daanganan isaanii qabeenya, eenyummaa siyaasaafi hawaasummaa walitti hidhachuu isaa waan beekanif lafa baafachuu yookiin daangaa dabaluu yookiin bal'ifachuun walqabsiisanii afseenessaan eenyummaa isaanii dagaagsanii jiru. Kun immoo, daangaa bal'ifachuufi eeggachuun dur durii kaasee haawaasa Oromoo keessatti bakka olaanaa qabaachuu isaa mul'isa. Kanaan walqabatee hawaasichi lola karaa daangaa saba Amaaraafi Argobbaa Minjaar Shonkooraan deddeebi'ee isaan mudatu abboota gadaan harka jiruun qindaa'uun gosti hawaasaa hundi tokkummaan ofirraa faccisuu. Kun hundi sabni Oromoo ilaalcha 'lafti keenya lafee keenya' jedhu waliin walqabsiisanii aarsaa kaffalaa tureefi jiru nuuf mirkaneessa. Akkasumas, daanganan mallattoo, eenyummaafi aadaa hawaasichaan walqabachuu isaa agarsiisa.

Eenyummaan hawaasa tokkoo daangaa isaa waliin mul'atee giddugala waallee biyyaaleessaa ta'ee bakkii tokko mallattoo hawaasichi ittiin beekamu ta'a. Kanaaf, yeroo ammaa kana lafa biyya ofiif wareegamuun akka gootummaatti fudhatamaa deemeera; baayyeenis, lafa isaanii eeguuf waamamaniif kan birmatan ta'ee argamaa jira.

Afee (4)

Daangan Torban Oboo dhiibamanaan warra Gadaa ofharkaa qabuti itti gaafatama. Itti gaafatamummaa isaanii sana ba'uuf ofqusannaa malee hojjetu. Gareen Gadaa ofharkaa qabu tokko yoo daangaa duraan eegamee jiru hineegiin hafee yookiin hanqatee diinaan dhiibame warri gadaa yeroo sanaa geeraraasaan, weedduufi kkf ni arrabsamu. Warri Gadaa bulchiinsa yookiin daangaa eegu qofa osoo hintaane ayyantummaa qabaachuu qabu. Kunis yeroo rakkoon hongeefi dhukkubni dhufe illee itti gaafatamummaa waan qabaniif qaalluu isaanii qabatanii Waaqa kadhatanii hawaasicha baraaaruuf warra waaqa dhageessifachuuf carraa qaban ta'u qabu. Kana keessatti gareen Baabsaa jedhaman kanneen ganda hunda keessaa filatamanii bakkee tarsiimmoo taa'anii eegan ni jiru . Isaan kanaaf ajaja kennu immoo warra Gadaa yeroo sanaa ofharkaa qabaniiti. Warri Baabsaan (jechuun warra daangaa eegu jechuudha) immoo bakka Walaansaan (warri Gadaa duraanii dorgomamee irraa fudhatame) darbamee bulama. Yoo bakka walaansaan duraanii hindarbiin hafan ykn gadhiisan gareen Gadaa ofharkaa qabu sun ni arrabsamu . Kunis safuu sirna Gadaa cabsuu ta'a. Safuu hawaasaa hanqachuudha. Kanaaf, Warri Gadaa kanneen Baabsaa ta'an ganda ganda keessaa funaananii bakka adda addaatti bobbaasu. Warri Baabsaa kunneen bakka dheedichaa loon dura deemuun lafa taarsimmoo qabatanii taa'anii eegu. Akka aadaa keenyaatti daangaa dura jirurraa duubatti deebi'uun hinjiru yoo kana ta'u dhaabaate ni arrabsamta.

Yaadni afee armaan olii keessatti ibsame akka agrsiissutti warri Gadaa daangaa eegsisuu keessatti gahee isaan bahan keessaa inni olaanaa ofii isaanii dhaqanii lolu qofa osoo hintaane, garee Baabsaa jedhaman ganadaafi goса hawaasa hunda keessaa filachuun bobbaasuudha. Garee *Baabsaa* warri jedhaman namoota akka loltuutti hawaasa keessaa filatamanii dursanii leenji'anii waraanaafi nageenya hawaasaa eeguuf qophaa'anii jiraatanidha. Isaan kunis gandoota naannoo daangaa ta'e hawaasa gidduutti rakkoon yoo uumame saffisaan bobba'aniin nagaafi daangaa warra kabachiisan ta'u. Gareen Baabsaa kunneen yeroo lolli daangaarratti ka'e qofaa osoo hintaane bakkeewwan tarsiimmoo ta'an hundallee i ni eegu. Garuu rakkoon addaa bakka tokkotti akka taasaa yoo uumamee walitti birmachuun diina ofirraa qolatu. Gareen Baabsaa gosoota Torban Oboo hunda keessaa ofeeggannoodhaan filatamanii qophaa'anii kan taa'anidhaa. Warri waraanaaf filataman kunneen bakka hundatti bobba'anii kanneen loon tiksaniifi qonnaa qotan dura deemanii habuuruun naannoo qulquelleessu.

Gareen baabsaa armaan olitti qindaa'an kunneen xurree hawaasaa kanarratti hundaa'anii , daangaa isaaniirratti cichanii eeggattu malee bakka hingadhiisan. Hawaasichi immoo kanneen daangaa eegan bakka isaanii akka hingadhiifneef haala ittiin to'aatan qopheeffatnii qabu. Innis, gareen warra Gadaa yeroo sanaa daangaa diinaaf kennanii yoo baqatancwaliin jirenyaa hawaasummaa keessaatti akka ulfinaafi kabaja hinqabne mul'isuuf weedduu, geerasaafi kanneen biroon arrabsu. Ijollonnifi dubartoonni isaaniillee yaaddoofi sodaan akka jiraatan taasisu. Kana kan taasisan gareeen kanneen biroo yeroo dabree isaaniitti Gadaa fudhatan cimanii daangaa akka eegan gochuuf tooftaa ittigargaaramanii daangaa isaanii tokfatanidha.

Afee (5)

Warri Gadaa haqaanillee deemuu, qulqullummaafi iftoomina qabaachuu qabu. Waaqa kadhatanii kan dhaga'amuuf qulqullummaafi haqa yoo qabaatan qofa. Garuu yeroo ammaa tana haqni dhibamaa deemeera.Uummanniilee kan nagaan bulu, dhukkubni, balaafi hongeen kan badu haqni karaa warra abbaa gadaa sana yoo jiraatedha. Waliigalteefi jaalalli karaa warra abbaa Gadaa hinjiru taaanaan hawaasni mo'amuu, weeraramuufi rakkolee addaaf saaxilama. Yeoo angoof waldorgomu ta'ellee haqqan malee dabaan wal hindorgoman. Aangoorratti yeroo waldorgaoman walqeequu, ceephessuufi walarrabsuun ni danda'ama.

Himamsi hawaasa Torban Oboo armaan olii kun warri dabree Gadaa ofharkaa qaban kan raawwatan gahee gaggeessummaa qofa osoo hintane haqaafi qulqullummaaf gatii olaanaa akka qaban agrsiisa. Karaa daangaa dhiibamuufi lolamuuf kan sababa ta'u hawaasicha keessatti dhugaa hojjechuun yeroo badu ta'uusaati. Akkasumas, hawaasicha gidduutti waliigalteefi tokkummaan yeroo dhibu diinni gaaraagarummaatti gargaarme miidhusaa isaa seenessu. Walceephessuufi qeequuuun yeroo dorgommii abbaa Gadaa ta'uu malee filanno xumuramnaan tokkomaniit waltumsanii jiraachuun dirqama hawaasichaati. Kana cinaatti hawaasaafi warra Gadaa gidduutti tokkummaan hinmul'atu taanaan safuufi ayyaantummaan waan baduuf rakkolee uumamaafi nam-tolcheef saaxilamuu kan fidu ta'uusaa afseenessa kana keessaa argina.

Afee 6

Bara Gadaa Duuloo wagga 40 dura saaba Amaraa waliin daangaa waliin qooddatu waan ta'eef Amaarii naannoo weerarraan warri Gadaa kun bakka gadi dhiisani jalaa siqanii turan. Yeroo kana kan ittiin sirbaan walarrabsaa turan

Duuloon mamaa hingoone Gadaa teechan
Kan ilaaltu callistee yoo biyya irraa dheechaan
Silaa warri Gadaa yoona qaarii dabala
Isa xurree ilaalee godaanee gala

Ni eegsisa biyya Baabsaa dirqiitti baasee
 Kaan horii qalee kaan dhayichoon albaasee
 Kanaaf jenne kunoo aadaa abbaa jabeechaa
 Namni biyya mataa deemee lolchiisu eecha?

Afeen afoolaa kun hawaasa xiyyeffanna qorannoo kanaa ta'e irraa afgaaffiin fudhatame. Akka yaadni afee armaan olii ja'affaa mul'isutti warri Gadaa yeroo sanaa Duuloo turan ; garuu isaan akka isaanirraa eegamutti haala aadaa isaaniin daangaa hineegiin hafanaan lafti naannoo daangaa Torban Oboo hawaasa Amaaraafi Argobbaan daangaan isaa sarbamnaan geerarsa armaan olii geerruun warra yeroo sana itti gaafatamummaa qaban qeeqan . Hima '*Duuloon mamaa hingoone Gadaa teessan*' Gadaan dabree warra Gadaa Duuloo ture . Garee warra Gadaa kunneen osoo gadaan kan isaanii ta'ee jiruu daangaa kabachiisuu keessatti waan isaanirraa eegamu hinbahiin hafan. Innis warri Gadaa Duuloo ittigaafatamummaa isaanii dagatanii biyyaafi daangaa warri Gadaa duraanii tursiisanii itti kennan gadhiisanii duubatti deebi'an. Laftiifi qabeenyi hawaasichaa warra warra Sidaamaan(Amaara) sarbamee ture. Sababiin isaa warri Gadaa abbaa dabaree sun hawaasa qindeessanii garee Baabsaa bobbaasanii daangaa eegsisuuf gahee isaanii hinba'iin hinbaane. Akkasumas, hordoffiifi ofeeggannoo isaanirraa eegamu hinraawwaanee. '*Kan ilaaltu callistee yoo biyya irraa dheessan*' warri yeroo sanatti daangaa akka eeganiif gaheen itti kenname akka ta'utti daangaa kabachiisuu dhiisanii bakka gadhiisanii turan. Yeroo kana warri Gadaa ofharkaa qaban kanneen daangaa eegaa turan bakka akka hingadhiifne jajjabeessanii, warra fagoo jiran qindeessuun tumsuu qabu turan. Haata'u malee, angoofi humna qindeessuu ofharkaa osoo qabanii yoo biyyarrraa dheessan callisanii ilaalan. Ofii isaaniis daangaa gadhiisanii baqatan. Kun immoo barsiifatni daangaa ofii kabachiifachuu hawaasichaa jalaa sarbamuu isaa agarsiisuuf warra Gadaa yeroo sanaan osoo beekanii caalisanii dhiisuu isaamii qeeqan. Ergaan isaanii bakka daangaarraa deemuu akka hinqabneefi baakka jiran dhaabbatanii akka lolaniifi garee biraallee qindeessanii birmachisuu akka qabaniif yeroo biyyi sarbamuu callistanii ilaatanii loltanii , lolchiisuu sababa dhiisanif geerarsa kanaan ceepha'aan. Kun immoo dhimma hawaasichi warra isa hooganuu fi qajeelchutti itti gaafatamummaa kennusaa guddisee agarsiisa. Kunis, hawasichi warrai Gadaa yeroo sana eenyummaa daangaa isaa dhibbaa'ummaa warra abbaa dabareen miidhamuu isaanii garsiisuuf.

Yaada armaan olii cimsuun '*Silaa warri Gadaa yoona qaarii dabala*' warri Gadaa yeroo dabaree isaaniitti isa ofharkaa qaban dabrsanii kennu qofa osoo hintaane, kan biraa osoo dabluu qabanii isaa dura eegamee jiruyyu gadhiisee diinaaf karaa banee nu miidhe yaada jedhun qeeqan. Kunis gaheen warra gasdha abbaa daangaa dabaluudha malee isa jiru gadhiisuu akka hintaane agrsiisa. '*Isa xurree ilaalee godaanee gala*' warri abbaa dabaree angoo ofharkaa qaban godaanani daangaa kabachiisanii tursiisu qabu turan. Garuu godaansa *keeyyata kana* jalatti ibsame sana gochuu dhiisanii , daandiifi gaaddisa beekumsa hawaasaa dagatanii jirenya sabichi akka sarbamuuq diinaaf karaa banan. '*Ni eegsisa biyya Baabsaa dirqiitti baasee*' baabsaan foollee yookiin warra daangaa eeguuf qindaa'anii dirqama qaban yoo ta'u kan isaan bobba'aniifi daangaarratti lolan qajeelfama warra abbaa Gadaa yeroo sanaan. Warri Gadaa daangaan isaanii sarbamnaan baabsaa dirqiitti baasanii hawaasaafi qabeenyaa hawaasaa eegsisuun gahee isaan yeroo angoo fudhatan waadaa galan keessaa tokko.

Sababoota rakkoo armaan olitti isaan mudaterra ka'uun Torban Oboo daangaan isaa akka hinsarbanneef, warra dabareen Gadaa itti aanee dhufu gorsuufi akeekkachiiisuuf weedduun kanaan ibsatee jira.

Gangalataa wadalaa
 Daaraarraan dadhabee
 Saree guddisa badde
 Gandarraan dadhabe
 Gowwaan gaagura onaa

Marageen dadhabee

Afee kana keessatti raghimaan amala badaa ilmasaa balaaaleffachuuun garee hawaasaa naannoo isaatti seenessa isaa bifaa sirbaan dhiyeessa. Akka hiriyyoota isaa dhaqee duulee daangaa eeguu dhiisee akka wadala harree bakka argamuu qabu dhiisee bakka hintaane dhaabachuu haala jeekkara kanaan amala ilma isaa *Gangalataa wadalaa daaraarraan dadhabee* jechuun kan beeyladaa waliin walbira qabee ibsata. Kunis, akkuma harreen daaraa keessa bakka tuffatamaafi gatamaa keessa gangalattu ilmi isaanii bakka kaayyoo hinqabne dhaabachuu isaa agarsiisuun dhaloota dirqama hinbaane qeequ. Wadalli / kormaan harree bakka abbaan qabeenyaa barbaade hinoolu. Jarreen kun amala harree kan walbira qabuun dargaggoota yaadaafi qajeelfama abbootii hinfudhanne cigoodhaan amala badaa ilmaan irraa mul'atu balaalleeffatu .

Itti dabaluun, akkuma sareen osoo nyaanni baayyeen mana ishee jiruu adeemtee gandarra labdee kajeeltu , dhaloonni qeeyeefi kaayyoo saba isaa dhiisee ormatti firooru amala gadhee ta'uusaa agarsiisuun *Saree guddisa badde gandarraan dadhabee jechuun* dubbi qolaa kanaan ibsu. Sareen mana nyaatteef waan duttuuf, ilmaan isaanii takkaa ormaaf bitamnaanii hawaasa, gosaafi fira waan gananiif dursanii gorsachuun barbaachisaa ta'uusaa cimsu. Sareen qeyee hindeemne, warraaf amanamtuu akka taate ilmi mana ormaa hinbarre gosa hundumaaf amanamaa akka ta'e jabeessanii barsiisu. Haaluma kanaan seenessaan weedduun ibsu kun gowwaa gorsanii sirreessuun rakkisaa ta'uusaa dabalee mul'isa Walumaa galatti Torban Oboo biratti daangaas ta'e, eenyummaa isanii eegisuu keessatti ga'e qabachuun kan agarre ' sirboota' . Gareen abba dabaree ta'an balleessanii akka irratti hinsirbamneef ni tattafatu; kunis (gareen gadaa itti aanu) ballessaa isaanii caqasee itti himuuf sirba fayyadama. Warri sirba dhaggeffatu ammo, Gadaa isan ballessaan seenaa keessatti galmeessa. Kanarrraa ka'uun, 'sirboonnii eenyummaa warra Torban Oboo eegsisuu keessatti ga'e olaanaa qabu.

5. Goolaba

Kutaa waraqaa kun Oromootni Torban Oboo uumama naannoo, daangaa lafaa, haala babal'inaafi qabiyyee lafa qawwa ijaarsa eenyummaa beekumsa xabboo hawaasicha isa dhimmoota lafaa, seenaa, hidda dhalootaafi kkf waliin walqabatan ilaalchaafi gochaalee ijaarsa eenyummaa afseeneffaman mul'atantu xiinxalame. Haala kanarratti hundaa'uun yaadni waliigalaa xiinxalarraa argame kan armaan gadiiti.

Hawaasni Oromoo Torban Oboo afseenessaan hidda dhalootaa, bakkaafi daangaa abbootiin irra jiraachaa turaniifi jiran afseeneffamaan dhalootaa dhallotatti cimsee dabarsaa tureefi jiru ta'uusaa. Daangaan damee jirenya har'aa booruu bocuuf olu ta'ee miira bakka jirraatooni eenyummafi abbummaa ijaaruu keessatti gahee olaanaa qaba. Itti dabaluun, ilaalchaa, beekumsa hawaasaafi mirga daangaa ofii addaa baasanii kabachiifachuu eegsifachuu guddisuu keessatti gahee qaba. Daangaan jirenya har'aa boruu miira abbummaa bakka bocuu keessatti gahee olaanaa bahaa jira. Hawaasni bakka tokko dursee qubatee jiraataa ture, mirga naannoo isaanii jiraachuu walitti dhufeenyaa addaa qabaachuun kunuunfachuu, daangaa isaanii kabachiifachuu, qabeenyaa daangaa isaanii keessatti argamu kanneen akka bishaan, albuuda fayyadamuufi dhaloota itti aananii dhufaniif tursiisuu akka qaban heera.

Akkasumas, hawaasni xabboo mirga daangaa abbootaa isaa duraanii falmachuufi qabeenyaailee achi keessatti argaman akka kan ofiisaatti mirkanoeffachuu ulfoo isaanii tursiisuu haala aadaafi tokkummaa hawaasa isaanii kununsuu mirga akka qaban kaa'a. Hawaasa xabboof lafti jirenya akka ta'e agarsiissuun kan barbaacha ofii ittiin guutatan qofa osoo hintaane, bu'uura itti fufinsa isa dhaloota duraafi ammaati. Madda qabeenyaaarratti dabaluun lafti hawaasa xabboo Afrikaafi hiikaa hawaasaafi aadaa qaba.

Walumaagalatti, Afseenessa Oromoo Torbaan Oboo haala qabeenya dachee naannoo isaaniifi bal'ina iddo sanaa ibsuuf gahee afseeneffamni qabu olaanaadha.

Wabiilee

- Abreham Alemu (2012) Ethnicity and Local Identity in the Folklore of the Southwestern Oromo of Ethiopia: a Comparative Study .VU University, Amsterdam
- Archakis, A., and A. Tzanne (2009) *Narrative positioning and the construction of situated identities. Evidence from conversations of a group of young people in Greece*. Narrative Inquiry 15.2: 267-291.
- Asafa Jalata (2010). *Oromo Peoplehood: Historical and Cultural Overview*. University of Tennessee - Knoxville,
- Ajayi,V. (2023) *A Review on Primary Sources of Data and Secondary Sources of Data*. Benue State University, Makurdi
- Bohnsack, R. (2004). Group Discussion and Focus Groups. In U. Flick, E. v. Kardorff and I. Steinke (eds), *A Companion to Qualitative Research*. London: SAGE Publications
- Bukenya, A. (1994). *Understanding Oral Literature*. Nairobi: Nairobi University Press.
- Cohen, D. & Crabtree, B. (2006). *Qualitative Research Guidelines Project*. <http://www.qualres.org/HomeInte-3595. Html>
- Creswell, J. W. (2007). *Qualitative Inquiry and Research Design: Choosing Among Five Approaches* (3rd ed.). Thousand Oaks, CA: Sage.
- Creswell, J. W.(2012). *Educational Research: Planning, Conducting and Evaluating Quantitative and Qualitative Research*. New York: Pearson Education, Inc. Retrieved 24/01/2012
- David,S.(2009) *Constructing Social Identities Through Storytelling: Tracing Greekness In Greek Narratives*. Pragmatics 19:3.341-360 (2009) International Pragmatics Association
- David,S.(2020). *Territory And Territoriality: Retrospect And Prospect*. In: A Research Agenda for Territory and Territoriality. Elgar Research Agendas . Edward Elgar, Cheltenham, pp. 1-24. ISBN 978 1 78811 280 2 (print) 978 1 78811 281 9)
- Daymon, Ch. & Holloway, I. (2002). *Qualitative Research Methods in Public Relations and Marketing Communications*. London and New York: Routledge
- Dornyei, Z. (2007). *Research methods in Applied Linguistics: Quantitative, qualitative and mixed methodologies*. Oxford: Oxford University Press.
- Elden, S. (2013) *The Birth of Territory*, Chicago: University of Chicago Press.
- Freeman M., and J. Brockmeier (2001) *Narrative Integrity. Autobiographical identity and the meaning of the “good life”*. In J. Brockmeier & D. Carbaugh (eds.), *Narrative and identity. Studies in autobiography, self and culture*. Amsterdam and Philadelphia: John Benjamins Publishing Company, pp. 75-99
- Gada Melba (1999): *An Introduction to the History of the Oromo People*(Minneapolis: Kirk House Publishers, 1999), pp10-13ff.
- Georges, Robert A., and Jones, Michael O(1995). *Folkloristics: An Introduction*. Bloomington and Indianapolis: Indiana University Press
- Hinchman,B.(2007). "Introduction." *Memory, Identity, Community: The Idea of Narrative in the Human Sciences*.Eds. Hinchman, Lewis P. and Sandra K. Hinchman

- Jones, R. (2007) *Peoples/States/Territories: The Political Geographies of British State Transformation*, Oxford: Blackwell
- Juma, J (2016) *Oral Narrative Performance And The Construction Of Bukusu Perceptions On Communal Coexistence*. A PhD Thesis Submitted to A PhD Thesis Submitted University of Nairobi
- Lambert, R. (1996) 'The Family Historian And Temporal Orientations Towards The Ancestral Past', *Time and Society*, 5(2)115-43
- Moriarty, E (2005). "Telling Identity Stories: The Routinisation of Racialisation of Irishness." Sociological Research Online. 10.3. Web. 25/04/2008
- Nash, C. (2002) 'Genealogical Identities' *Environment And Planning D*, 20(1)27- 52
- .Oring, E (1986). "Ethnic Groups and Ethnic Folklore." *Folk Groups and Folk Genres: An Introduction*. Ed. Oring, Elliot. Logan, Utah: Utah State University Press, pp. 23-44 overlooked the content of ethnic identity. To fill this gap in the literature, the objective
- Patton, M. Q. (1987). *How to Use Qualitative Methods in Evaluation*. London: sage.
- Sack, R. D. (1986) *Human Territoriality: Its Theory and History*. Oxford: Oxford University Press.
- Vento, Urpo. "The Role of The Kalevala" (PDF). Archived from the original (PDF) on 16 July 2011. Retrieved 17 August 2010.
- Wolcott, H. T. (1999). *Ethnography: A way of seeing*. Walnut Creek, CA: AltaMira.